homes victoria

50 Lonsdale Street,
Melbourne Victoria 3000
GPO Box 4057, Melbourne Victoria 3001
DX 210081

**OFFICIAL**

Jiraataa
259 Malvern Road
SOUTH YARRA

Kabajamoo jiraatoo

Hooms Viiktooriyaan waa'ee adeemsa Ijaarsa Mana Jireenyaa Guddaa fi sagantaa irra deebiin misoomsuu manneen olka'aa akka isin beektaniif barreessaa jira.

Sagantaa gulantaa itti aanuu amma bakkewwan haaraa 7tti adeemsifamaa jira. Kana jechuun jiraattota ammaa fi gara fuula duraatiif mana fooyya'aa, nageenya qabuu fi mijataa ta'e naannoo magaalaa 9 keessatti dhugoomsuuf hojjechaa jirra.

## Har'a maaltu labsame?

Har'a, waa'ee gamoowwan kanneen deebisanii ijaaruu irratti jiraattota waliin haasofne:

- 25 fi 27 Kiing Stiriit, Piraan
- 150 Viktooriyaa Aveenuu, Albert Paark
- 150 Inkerman Stiriit, Sent Kildaa
- 159 Melrooz Stirrit, Noorz Melboorn
- 29 Kraawun Stiriit, Flemingtan
- 94 Ormoond Stiriit, Kensingtan

Maatiiwwan gamowwan ol ka'oo kana keessa jiran waliin haala idileetiin wal quba qabaanna. **Adoolessa 2026 irraa eegalee hanga Guraandhala 2028tti,** maatii kana mana mijataatti dabarsuu irratti walitti dhiyeenyaan hojjenna akkasumas mana dabalataa fooyya'aa ta'anis ni dhiheessina.

## Karoora deebisanii qubsiisuu keessan gargaaraa jirra

Jiraattota 259 Malvern Rood, Saawuz Yaaraa keessa jiran deebisanii qubsiisiisuurratti gargaaruu itti fufna.

Miseensonni maatii 90% ol tahan dursanii godaananiiru, yookiis sochii godaansaa irra jiru akkasumas kanneen hafan hunduu hanga Guraandhala 2026tti godaanuuf jiru.

## Adeemsa kana keessatti isin gargaaraa jirra

**Garee deebisanii qubsiisuu of kenne qabna:** Gareen kun fedhii fi filannoo keessan hubachuuf jecha jiraattoota waliin walitti dhiyeenyaan hojjechuutti jira. Odeeffannoon kun akka mana fedhii keessan guutu argattan irratti isin gargaarruuf barbaachisaa dha.

**Isin waliin wal arguuf as jirra:** Walgahii nu waliin qabdan kamiyyuu irratti miseensa maatii, hiriyaa ykn gorsaa fiduu yoo barbaaddan nutti himuu dandeessu. Akkasumas nama afaan hiiku qopheessuu dandeenya.

**Mirgi keessan akkuma jirutti tura:** Manni isin itti galuuf jirtan seera Kiraa Mana Jireenyaa jalatti mirgaa fi eegumsa walfakkaataa hunda ni qabaata.

**Godaansa keessan gargaaruu:** Namoota bakka biratti isin dabarsan ni qindeessina, walitti hidhamiinsa akka bilbila, interneetii fi poostaa kallattii biraatti jijjiiruu ni qopheessina, akkasumas tajaajila fayyaa fi deeggarsa waliin akka wal qunnamtan ni taasisna.

**Deebi'uu:** Yeroo irra deebiin misoomsuun xumuramu ulaagaa guutuu, fedhii fi mijachuu mana haaraa itti fufiinsa qabu irratti hundaa'uun gara naannoo keessanitti deebi'uuf mirga qabdu.

## Nu waliin turaa

Waa'ee fedhii mana jireenyaa keessanii fi bakkeewwan mana keessaniif mijachuu danda'an hunda irratti qondaala jijjiirraa keessan waliin akka haasoftan isin jajjabeessina.

Qondaala qubsiisa keessan kallattiin qunnamuu dandeessu ykn Garee Jijjiirraa iimeelii relocationsteam@homes.vic.gov.au irratti barreessuufi dandeessu.

## Caalaatti baruuf

- homes.vic.gov.au daawwadhaa
- Waajjira mana jireenyaa naannoo keessanii qunnamaa
- Sarara deeggarsa addaa keenyaa 1800 716 866 irratti bilbilaa

Kabajaa wajjin

**Simon Newport**
Hojii Gaggeessaa Olaanaa
Hooms Viktooriyaa

28/01/2026